# Histeerooskooppii

## Odeeffannoo dhukkubsattoota hospitaala ciisanii yaalamaniif

**Histeerooskooppiin, akkasumas 'histeerooskooppii, dilaateeshinii fi kureetaajii' jedhamuun kan beekamu, adeemsa yaalaa ogeessi sirna walhormaataa dubartootaa keessan keessoo gadameessa keessanii akka ilaalu dandeessisaniidha.**
**Rakkoo fayyaa qabaachuu keessan adda baasuuf ykn yaala isin barbaachisu murteessuuf kana fayyadamna.**

Yeroo isin hadoochituu guutuu fudhattanii raftanii jirtanitti, akka adeemsa yaalaa hospitaala ciisaniitti histeerooskooppii isiniif gochuu barbaadna.

Yeroo baay'ee, kun adeemsa yaala guyyaa tokkooti, akkasumas hospitaalatti buluun isin hin barbaachisu.

### Yoom histeerooskooppiin isin barbaachisuu danda'a?

Wanta sababa ta'e adda baasuuf histeerooskooppiin isin barbaachisuu danda'a:

- dhala dhabuu
- laguu ulfaataa ykn sirnaan hin dhufne
- sababa umuriitiin erga laguun dhaabbatte booda dhiiguu
- ulfi ba'uu
- meeshaan to'annoo da'umsaa gadameessa keessaa (IUD) keessatti maxxanee hafuu.

Kana qorannoo histeerooskooppii jenna. Qorannoon histeerooskooppii daqiiqawwan muraasa fudhata.

Nuti kanneen gochuu akka dandeenyuuf histeerooskooppiin isin barbaachisuu danda'a:

- faaybiroyidoota ykn poolippoota baasuuf
- meeshaa to'annoo da'umsaa IUD keessan baasuuf.

Kana yaalaa histeerooskooppii jenna. Wal'aansi histeerooskooppiin daqiiqaa 10 caalaa xiqqoo dheerachuu danda'a.

### Histeerooskooppiif akkamitti of qopheessan

Yeroo histeerooskooppii gootan laguu irratti yoo jiraattaniyyuu dhiibbaa hin qabu.

Yoo carraan ulfa ta'uu keessanii jiraate, histeerooskooppii gochuu hin dandeessan.

Yeroo beellama keessaniif dhuftan, ogeessi fayyaa waan uumamuu danda'u isiniif ibsa. Gaaffiiwwan kamiyyuu gaafachuu dandeessu.

### Yeroo histeerooskooppii gootan maalitu ta'a?

Kessoo gadameessa keessanii ilaaluuf histeerooskooppii fayyadamna. Histeerooskooppiin akka teleskooppii qalloo fiixee isaa irratti kaameraa qabuuti.

Yeroo histeerooskooppii gootan, meeshaan kun karaa qaama saalaa keessanii gara gadameessa keessaniitti gadi galfama.

Histeerooskooppichi keessoon gadameessa keessanii maal akka fakkaatu suuraa nutti agarsiisa.

Yoo qorannoof saamuda barbaadne, nuti:

- speekulamii gara qaama saalaa keessaniitti gadi galchina
- meeshaa fayyadamuun keessoo gadameessa keessanii irraa saamuda fudhanna
- saamudicha gara paatooloojiitti ergina.

Yeroo tokko tokko, yeroo hospitaala dhuftan fiixee gadameessa keessanii lallaafisuuf qoricha fudhachuun isin barbaachisuu danda'a. Kun histeerooskooppicha salphaatti gadi galchuuf nu gargaara.

### Histeerooskooppii keessan booda

Ogeessi fayyaa wanta argate isiniif ibsa. Gaaffilee qabdan kamiyyuu isaanii gaafachuu dandeessu.

Yoo saamuda fudhanne ta'e, bu'aa qorannootiif torban muraasa eeguun isin barbaachisuu danda'a.

Yoo beellamni biroo isin barbaachise isiniitti himna:

- bu'aa qorannootiif hakima keessan ykn GP keessan biratti
- yaala ykn qorannoowwan dabalataaf Kilinikoota Ispeeshaaliistii Sirna Walhormaata dubartootaa keessatti.

Yoo gara Kilinika Ispeeshaaliistii Sirna Walhormaata deebi'uun isin barbaachise, beellamicha isiniif qopheessina.

Kanneen erga raawwattanii booda gara manaatti galuu dandeessu:

- kutaa bayyanannoo keessatti hordofamtan
- nyaata salphaa nyaattan
- sirnaan fincaan baasuu dandeessan (fincaan fincooftan)
- ogeessa fayyaa keessan waliin mari'attan.

## Yeroo histeerooskooppii gotan balaawwan uumamuu danda'an jiruu?

Yeroo histeerooskooppii gotan balaawwan xixiqqoo uumamuu danda'an jiru. Namoonni muraasni kanneen qabaachuu danda'u:

- dhiiguu
- uraa ykn qaawwa keessoo gadameessa keessanii irratti uumamuu
- infekshinii.

Rakkoolee dabalataa kamiyyuu irratti isin gargaarra.

## Histeerooskooppii booda mallattoolee akkamii qabaachuu dandeessu?

Namoonni baay'een histeerooskooppii booda dhukkubbii salphaa qofa qabaatu.

Mallattoolee biroo muraasa qabaachuu dandeessu:

- of wallaaluu
- dhukkubbii mirmirsaa kan akka dhukkubbii laguu
- dhiiguu
- ol nama jechuu
- dadhabina
- dhukkubbii maashaa
- dhukkubbii gateettii keessanii.

## Gara manaatti erga galtanii booda

Histeerooskooppii keessan booda, nama ga'eessa itti-gaafatamummaa qabu kan gara manaatti isin geessu fi sa'aatii 24f isin waliin turu isin barbaachisa.

Sa'aatii 24 jalqabaatiif, kanneen gochuu keessan mirkaneeffadhaa:

- boqochuu
- ulfaatina kaasuu, hojii manaa fi nyaata bilcheessuu irraa fagaadhaa
- hadoochituu fi qoricha dhukkubbii erga fudhattanii booda of wallaaluun ykn mataan salphachuun waanuma jiru waan ta'eef of-eeggannoon socho'aa
- konkolaataa hin oofinaa
- alkoolii hin dhuginaa
- sanadoota seeraa irratti hin mallatteessinaa
- miidhaa fiduu waan danda'aniif, maashinoota ykn meeshaalee elektiriikii fayyadamuu dhiisuu.

Sochii qaamaa idilee keessaniitti deebi'uu dandeessu:

- dhiiguun kamiyyuu erga dhaabbatee booda
- yeroo fayyaa gaarii qabaachuu keessan isinitti dhagahamu.

Torban 2 booda qunnamtii saalaa idilee keessaniitti deebi'uu dandeessu.

## Yoo gargaarsi fayyaa isin barbaachise

Yoo waa'ee mallattoolee keessanii yaaddoftan, kanneen armaan gadii gochuu ni dandeessu:

- ogeessa fayyaa keessan haasofsiisuu
- gara kutaa Balaa Tasaa isinitti dhiyoo jiru deemuu.

Yoo ariifachiisaa ta'e, lakkoofsa Zeeroo sadii (000) irratti bilbilaa.

## Turjumaana ni barbaadduu?

Yoo kan isin barbaachisu ta'e turjumaana gaafachuu dandeessu.

## Gargaarsa Miidhaa Maatii Keessatti Raawwatamuuf

**Sarara Kabaja Gargaarsaa Biyoolessaa 1800**

Yoo miidhaan fi hacuuccaan saalaa, mana keessaa ykn maatii isin mudate gargaarsa argachuu dandeessu. Galgala ykn guyyaa yeroo barbaaddan bilbiluu dandeessu. 1800 737 732
1800respect.org.au

## Odeeffannoo dabalataatiif

**Kilinikoota Ispeeshaaliistii Sirna Walhormaata Dubartootaa keessatti**

(03) 8345 3033
thewomens.org.au

**Naarsii irratti bilbilaa**

Odeeffannoo fi gorsa waliigalaatiif Nurse on call irratti bilbiluu dandeessu.
Galgala ykn guyyaa yeroo barbaaddan bilbiluu dandeessu. 1300 60 60 24

**Ibsa Itti-gaafatamummaa:** Waraqaan odeeffannoo kun odeeffannoo waliigalaa qofa kenna. Gorsa addaa waa'ee fedhii kunuunsa fayyaa keessanii argachuuf, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa argachuu qabdu. The Royal Women's Hospital ogeessa fayyaa mariisisuu dhiistanii waraqaa odeeffannoo kana irratti hirkachuun miidhaa ykn kasaaraa qaqqabu kamiyyuuf itti-gaafatamummaa hin fudhatu. Yoo gargaarsi fayyaa ariifachiisaan isin barbaachise, mee kutaa balaa tasaa isinitti dhiyoo jiru quunnamaa.
© Hoospitaala Dubartootaa Royal 2026